# mirgaa fi dirqamoota kee

## Nu irraa maal akka eegdu = mirga kee

Oromo | Aafan Oromo

Odeeffannoo kee bakka tikaa fi dhoksaa tahetti eegna.

Haala nageenyaa fi kunuunsa qabu keessatti tajaajila siif kennina.

Galmee (record) kee  akka argattu si taasisna.

Seera hicitii dhuunfaa Australia hordofnee odeeffannoo kee dabarsinee kan keninnu  yoo:

- ati itti waliif galte  yookaan hayyamte yookaan,
- seerrii nu ajaje yookaan,
- wali-galteen warra mallaqa irra argannu kan gaafatu yoo tahe.

, Siif, amantii keetiif, haala jireenya keetiif fi eenyummaa kee ni kabajna.

Kunuunsa fayyaa nageenya qabu (safe), kan siif mijjatu (accessible) fi ol-aanaa tahe (high quality) siif kennina.

Kara ifaa siif tahe, kabajaa qabuu fi hayyamtuun yeroo irratti si qunnamna.

Kunuunsa fayyaa kee ilaalchisee murtii kee kennatuu akka dandeessuuf odeeffannoo ati hubattu siif kennina.

Akka itti tajaajilli fayyaa kee itti dalagu irratti yaada kee kennatuu akka dandeessuuf gargaarsa siif kennina.

Yeroo balaa qabaatuu illee, akka ati murtii ofii keetii kennattu si gargaarra.

Tajaajilaa fi kanneen tajaajila kennan hanga danda'ametti kan fedhii kee waliin wal fudhatu akka filattu si gargaarra.

Nama ati filatte, kan siif dubbatu, siif tumsu yookaan bakka si bu'ee dubbatu dabalee akka qabaattuuf si gargaarra.

Nama afaan siif hiiku tola siif qopheessina.  Akka siif qindeessinuuf nu gaafadhu.

Maallaqa tarii si baasisu yoo jiraate sitti himna.

## Maal akka si irraa eegnu = dirqamoota kee

Odeeffannoo sirrii nuuf kennita, yoos caalaa si gargaaruu dandeenya.

Hojetoota keenya, qabeenyaa fi namoota tajaajila kenyatti fayyadamaniif kabajaa qabaadhu.
Sirnaan dhimma bahi, kana jechuun nageenya kee, kan namoota kaanii fi hojjetotaaf eeggannoo taasisi.

Baallama kee yoo hin dhuftu tahe nutti himi.
Kun baay'ee barbaachisaa dha.

## Maal akka yaaddu nutti himi

Tajaajila keenyatti yoo gammadde tahe yookaan itti hin gammadne tahe yookaan yaada yoo qabaatte nutti himi. Hojetaa keenyatti dubbadhu.

Garee To'annaa (Quality team) **9448 6102** irratti itti bilbii (yeroo sa'aa dalagaa).

Email gara garee To'annaa (Quality team) **feedback@cohealth.org.au** irratti ergi baallama kee irratti argamuu hin dandeessu yoo tahe nutti hima. Kun baay'ee barbaachisaa dha.

**Chundi akka ati tajaajila naannoo fi dhiheenya irra irraa argatuu dandeessuu dha:**
Collingwood, Fitzroy fi Melbourne CBD **9448 5528**
Kensington, North Melbourne fi Niddrie **9448 5520**
Footscray, Braybrook, Laverton, Werribee, fi Melton **9448 5502**

Odeeffannoo dabalataaf, **www.cohealth.org.au laali**

cohealth abbootii dachee kanaa dur durii beekamtii, kan waajjirii keenya irra dhaabbatee jiru, Hangafoota dabran fi jiraniif kabajaa kenna.

Free interpreter service available or call **131 450**

cohealth
care for all